TALAALLII COVID-19

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

TALAALLIIWWAN ITTISA DABALOO

AMMA KANNEEN UMURIIN ISAANII 5+ TA'ANIIF NI ARGAMA

Talaalliwwan Covid-19 bu'a qabeessaa dha

Talaalliiwwan COVID-19 dhukkuba hamaa, hospitaala ciisuu, fi du'a irraa nama eegu. Yeroo ulaagaa guuttan ittisa dabalaa fudhachuu dabalatee, talaallii COVID-19 yeroo yeroon fudhachuun eegumsa guddaa qabaachudhaaf barbaachisaa dha.

ITTISA DABALOON NAGA-QABEESSODHA

Ittisa dabaloon COVID-19, talaalliwwan jalqabaa waliin qabiyyeewwan walfakkaatoo qabu, kunis namoota miliyoona dhibbaan lakkaa'amaniif naga-qabeessa akka ta'an mirkanaa'ee jira. Miidhawwan masoo giddu-galeessaa ta'an waan baratamaniidha. Miidhawwan masoo ta'an muraasa dha.

ITTISA DABALOON EEGUMSA AKKA QABAATTAN ISIN GARGAARU

Ittisa dabaloon (Boosters) talaalliwwan erga talaallii guutuu talaallamtanii booda COVID-19 irraa eegamtanii turuu akka dandeessaniif fudhattaniidha.

Ittisaa dabaloon talaalliwwan hedduudhaf beekamoodha. Fakkeenyaf, talaalliwwan teetanaas ga'eessotaaf waggoota 10 kudhaniin ittisa dabaloo barbaadu.

Saayintistoonni ittisni nama tokkoo talaallaiwwan tokko tokko waliin yeroo keessa akka hir'atu bira gahanii jiru, akkasumas talaallin ittisa dabalu (booster) kan eegaman ta'anii akka turan isaan gargaara. Ittisa dabaloon COVID-19 karuma walfakkaatun hojjetu.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataaf: cdc.gov/coronavirus

Eenyutu ittisa dabalaa fudhachuu danda’a

Ittisa dabaloon nama hundaaf eegumsa dabalataa kennu, garuu keessumattuu namoota rakkoolee fayyaa, hojii yookan rakkoolee haala jireenyaa qabaniif baay'isee barbaachisoo dha; jechuunis dhibee COVID-19 dhan qabamuuf yookan carraan garmalee dhukkubsachuu isaanii olaanadha jechuudha.

Ittisa dabaloon, haala baqattummaa keessan, yookan yookan inshuraansii fayyaa yookan Waraqaa Eenyummaa qabaachuu fi dhabuu keessan irratti osoo hin hundaa'in namoota hundaa bilisa.

EEGUMSA INUMAA CAALATTI DABALATA TA’E ARGADHAA

Karaan hundarra gaariin ofii keessan, maatii keessanii, fi hawaasa keessan COVID-19 irraa ittiin eegdan, talaalliiwwan keessan yeroo yeroon fudhachuudha. Waqtaawaa ta'uu jechuun dooziwwan lamaan talaallii abbaa limmoo lamaa fudhachuu fi sana booda limmoowwan ittisa dabaloo fudhachuudhaf ulaagaa guuttaniif kamiyyuu fudhachuu jechuudha.

Fayyummaa nama hundaa eegudhaaf, haguuggii godhacuu, wal irraa fageenya eeguu fi yeroo isin dhukkubutti ammoo mana turuu itti fufaa.

OFII KEESSAN EEGAA. HAWAASA KEESSAN EEGAA. TALAALLAMAA.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataaf: cdc.gov/coronavirus